

# **INSTITIYUUTII LEENJII OGEESOTA QAAMOLEE HAQAA QORANNOO SEERAA OROMIYAA**

## **Cuunfawwan Qorannoo Bara 2010**



### **Mata Duree Qorannoowwan:**

- 1. Rakkoolee To'annoo Dambiilee fi Qajeelfamoota Aangoo Bakka Bu'insaan Ba'anii: Haala Qabatamaa Oromiyaa**
- 2. Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu Keessatti Rokkoowwan Seeraa fi Hojmaataa Mul'atan**
- 3. Qorannoo Kenniinsa Koroora fi Dhiifama Sirreefamtoota seeraa Naannoo Oromiyaa:-Seeraa Fi Hojmaata ( Waxabajjii,2018)**
- 4. Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Kabachiisuu Keessatti Qabu: Seeraa fi Raawwii**
- 5. Bu'a-qabeessummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa**

## **Rakkoolee To'annoo Dambiilee fi Qajeelfamoota Aangoo Bakka Bu'insaan Ba'anii: Haala Qabatamaa Oromiyaa**

*Qorattoonni: Tafarii Baqqalaa (LL.B, LL.M, Qorataa Seeraa ILQSO)  
Waaqqaarii Dullumee (LL.B, Kadh.LL.M,Q/Seeraa ILQSO)*

Qajeeltoon qoqqoodama aangoo dalgee jaarraa 18<sup>ffaa</sup> keessa hayyuu siyaasaa fi falasamaa biyya Faransaay, maqaadhaan Monteskuu jedhamuun kan dhiyaate yoo ta'u, yaadni bu'uura isaas, aangoon mootummaa biyya tokkoo qaamolee mootummaa sadan: qaama seera baastuu, seera raawwachiiftuu, fi seera hiiktuu jidduutti qoqqoodamuu kan qabuu, fi qaamni mootummaa tokko hojii qaama mootummaa isa biraa keessa seenuu hin danda'u kan jedhu dha. Haa ta'u malee, haala addaatiin, qajeeltoo kana irraa akka maqamuuf sababootni dirqisiisan (fknf-baay'achuu hojii) kan jiran yoo ta'u, bakkeewwan kun itti mul'atu keessaa tokko ammoo hojii seera baasuun kan walqabatu dha. Hojii kana hojjechuuf qaamni aangoo uumamaa (inherent power) qabu qaama seera baastuu ta'us, qaamolee mootummaa biroofis aangoon kun bakka bu'insaan kennamuu ni danda'aa; yoo kennamu garuu, daangaa aangoo bakka bu'insaa keessatti ba'uun hojiirra ooluun isaa to'atamuu qaba. To'annoon kunis akkuma haala isaatti sadarkaa wixineetti ykn ragga'uun hojiirra erga oolanii booda, qajeeltoowwan hordofamuu qaban tarreessuun sana keessa darbuu isaa hordofuu (to'annoo waliigalaa) fi qaamolee mootummaa adda addaan, keessattuu qaamolee mootummaa sadaniin akka ta'u hogbarruuwwan toora kanatti barreeffaman ni agarsiisu.

Gara biyya Itoophiyaa fi Naannoo Oromiyaatti yoo dhufnu, Heerota lachuu ilaaluun barbaachisaa ta'a. Heerri Mootummaa Rippaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa caaseffama mootummaa federaalawaa akka hordofuu fi aangoonis qaamolee mootummaa sadan (seera baastuu, seera raawwachiistuu, fi seera hiiktuu) jidduutti kan qoqqoodame ta'uu kwt. 50 (2) fi kwt.1 ni ibsa. Heerri kun Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa qaama aangoo ol'aanaa mootummaa federaalaa akka ta'e ibsuun, hojiin seeraa baasuus qaama kanaaf akka kenname kwt.55 jalatti tumeera. Gama biraatiin, aangoo Manni Marii Bakka Bu'ootni Uummataa kennuuf irratti hundaa'uun qaamni raawwachiistuu (Manni Maree Miniisteerotaa) dambiiwwan baasuu akka danda'u Heerumti kun kwt.77 (13) jalatti ifatti tume jira. Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaas aangoon qaamolee mootummaa sadeen gidduutti kan qoodamu ta'uu kwt.46 jalatti tumameera. Bu'uura Heerichaa kwt.46 (1), 49 (1) fi 49 (3p) tiin Caffeen Oromiyaa qaama mootummaa aangoo ol'aanaa mootummaa naannichaa yoo ta'u, aangoo seera baasuu, dambiilee dabalatee kan qabus qaamuma kana dha. Haa ta'u malee, haala addaatiin, aangoo bakka bu'insaa Caffeen kennuuf irratti hundaa'uun qaamni raawwachiiftuu dambiiwwan baasuu akka danda'u tumaa Heera kanaa kwt. 55(6) irraa ni hubatama.

Qabatamaanis labsiiwwan Caffee irra dhaabbachuun dambiilee fi qajeelfamoonni adda addaa ba'aa jiru. Hanga yeroo daataan qorannoo kanaa walitti qabametti, labsiiwwan Caffee Oromiyaan labsaman lakkoofsaan **208** yommuu ta'an, dambiiwwan aangoo bakka bu'inaan ba'an ammoo **195** irra gahaniiru. Qajeelfamoonni seekteroota mootummaan ba'anii hojiirra jiranis lakkoofsi isaanii hanga kana jedhamee beekamuu baatus hedduu dha. Haa ta'u malee, dambiilee fi qajeelfamoonni Oromiyaa keessatti ba'aa jiran kunniin daangaa aangoo bakka bu'insaa seera Caffeen kennameen ba'uun isaanii bifa kamiin to'atamaa akka jiran qorannoon agarsiisu hin jiru. Kaayyoon qorannoo kanaa Oromiyaa keessatti akkaataa dambiilee fi qajeelfamootni bakka bu'inaan itti bahanii fi qaamolee mootummaa sadaniin (qaama seera baastuu, qaama seera raawwachiiftuu fi qaama seera hiiktuun) to'ataman maal akka fakkaatu sakatta'uun qaawwa seeraa fi hojimaataa jiru agarsiisuun yaada furmaataa akeekuu dha.

Kana gochuuf malli qorannoo hordofame: dursa, seerotni aangoo bakka bu'inaan ba'an seerota Caffee Oromiyaan ba'an wajjiin walsimuu fi dhiisuun isaanii bifa kamiin to'atamuu danda'u? kan jedhu qajeeltoowwan bu'uura seera bulchiinsaa keessa jiran maalfaa akka ta'an beekuuf; akkasumas, sirni to'annoo qaamolee mootummaa sadaniin taasifamu (qaama seera baaftuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu) maal akka fakkaatuu fi muuxannoowwan akka addunyaatti gama kanaan jiranis maal akka ta'e bifa agarsiisuu danda'uun hogbarruowwan sakatta'amaniiru. Muuxannoon biyyoota sakatta'amaniis Hindii, Ingiliizii, Ameerikaa, fi Naayijeeriyaa yommuu ta'an, kan filatamanis sirna bulchiinsaa hordofan (sirna mootummaa federaalawaa fi waaltawaa; fi sirna mootummaa paarlamaa fi pirezidaantummaa) jiddu-galeessa godhachuudhaani.

Itti aansuun, dambiilee fi qajeelfamoonni aangoo bakka bu'inaan tumaman kunniin Oromiyaa keessatti bifa kamiin ba'anii to'atamaa jiru kan jedhu qajeeltoowwan seera bulchiinsaa fi muuxannoowwan jiran irratti hundaa'uun hammatni heeraa, seeraa fi/ykn hojimaataa gahaa ta'e jiraachuuf dhiisuu isaa xiyyeeffannoon madaaluun qaawwa jiru adda baasuuf hooggantootaa fi ogeessota Waajjira Caffee Oromiyaa, Waajjira Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Biroo Haqaa Oromiyaa, qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannoo Oromiyaa biroo amala hojii isaanii irraan kan ka'e dambiilee fi qajeelfamoota hedduu baafachuun itti hojjetu jedhamanii tilmaamaman jahaa fi abbootii seeraa fi pirezidaantota manneen murtii naannichaa sadarkaa hundarra jiran wajjiin afgaaffiin gadi fageenya qabu (in-depth interview) soddomii-saddeet (38) gaggeeffameera; dhimmoonni qaamolee bulchiinsaa aangoo abbaa seerummaa qabaniin (quasi-judicial bodies) murtaa'an 16 fi dhimmoonni manneen murtii idileen murtaa'an 10; walumatti, dhimmoonni 26 sakatta'amuun warreen gaaffii qorannoo wajjiin hidhata qaban filatamuun xiinxalamaniiru. Akkasumas, labsiiwwan 20, dambiiwwan 20, fi qajeelfamoota 20; walumatti, seerotni 60 walbira qabamuun dubbifamaniiru.

Xiinxalli qorannichaa kan gaggeeffame mala olitti ibsame kana hordofuun yommuu ta'u, argannoowwan argamanis kanneen armaan gadii dha:

- ☞ Qophiin dambiilee fi qajeelfamootaa ija to'annoo waliigalaatiin (qajeeltoowwan beeksisuu, hirmaachisuu, fi maxxansuu) yoo ilaalamu, qaawwa seeraas ta'e kan raawwii ni qaba. Iddoo tokko tokkotti (fknf: qajeeltoo beeksisuu) uwwisi seeraa hin jiru; hojjimaatanis itti hojjetamaa hin jiru. Iddoo tokko tokkotti ammoo (qajeeltoo hirmaachisuu, fi maxxansuu) uwwisi seeraa jira. Hojiirra oolmaan isaa garuu, hanqina guddaa qaba.
- ☞ To'annoon qaamoleen mootummaa adda addaan, keessattuu Caffee fi Manneen Murtiin dambiilee fi qajeelfamoota irratti taasifamaa jiru hanqina bal'aa qaba.
- ☞ Qaama raawwachiiftuun sadarkaa wixineetti dambiilee irratti to'annoo akka taasisu sirni dandeessisu diriiree jiraachuun isaa akka gaariitti ilaalamuu kan danda'u ta'us, qajeelfamoota ilaalchisee garuu warreen adeemsa qophii dambiilee hordofuun ba'an yoo ta'een alatti sirni akka to'atu dandeessisu diriiree hin jiru. Dambiilee ilaalchisees sirna to'achuuf dandeessisuti jira malee qabatamatti qaawwa dambiileen ba'an tokko tokko agarsiisaa jiran irraa ka'amee yoo ilaalamu bu'a-qabeessa dha kan jedhamu miti.
- ☞ To'annoon dambiilee fi qajeelfamoota irratti taasifamu cimaa akka hin taane dhimmootni akka sababoota ijooti ilaalaman uwwisi seeraa gahaa ta'e jiraachuu dhabuu, bakka uwwisi seeraa jirutti ammoo hojiirra oolchuuf hooggansi kutannoo dhabuu, fi hubannoo gahaa ta'e dhabuu dha.
- ☞ To'annoon taasifamaa jiru cimaa ta'uu dhabuu isaa irraan kan ka'e dambiilee fi qajeelfamootni naannoo Oromiyaa keessatti ba'an qabatamaan rakkoowwan itti aananii jiran yoo calaqqisiisan ni mul'ata:

- Labsii Caffeen tumuu wajjiin walsimuu dhabuu
- Mirga ol'iyyannoo daangessuu ykn dhiphisuu
- Aangoo qaama biraaf kenname irratti seera baasuu
- Bifa seerri qabaachuu malu qabaachuu dhabuu (problem as to form)
- Seerri Caffeen tume yoo fooyyaa'u ykn yoo haqamu gita (status) seera aangoo bakka bu'insaan ba'uu ifa gochuu dhabuu
- Seerotni aangoo bakka bu'insaa yeroo jedhame keessatti ba'uu dhabuu
- Dhimmoota labsiin aangeffamuu malan qajeelfamaan aangessuu
- Dhimmoota qajeelfamaan ba'uu qaban dambiin baasuu
- Dhimmoota hunda hammachiisuu/diddiriirsuu dhabuun hojiiratti rakkoo uumuu fi
- Dhimma dambii keessatti hin hammatamiin qajeelfama keessatti hammachiisuu raawwii keessatti rakkoo uumu dha.

Kana irraa ka'uun yaadotni furmaataa armaan gadii akeekamaniiru:

- ✓ To'annoon waliigalaa fi qaamolee mootummaa adda addaan dambiilee fi qajeelfamootaa irratti taasifamu bu'a qabeessa taasisuuf Caffeen Oromiyaa seera bulchiinsaa qindaa'aa yoo baase gaarii dha. Seerri ba'u kun bu'uuraan:

- Sirni kenninsa aangoo bakka bu'insaan dambiilee fi qajeelfamoota baasuu qabiyyee, kaayyoo, fi daangaan ifa akka ta'utti dhimmoota seerota kanniin baasuun irratti barbaachisu adda baasuun keewwata-keewwataan akka ta'utti osoo tumee gaarii dha.
- Adeemsi qophii dambiilee fi qajeelfamootaa qajeeltoowwan beeksisuu, uummata hirmaachisuu, fi maxxansuu keessa darbuu akka qabu kan dirqisiisu ta'uu qaba.
- Dambiileen hundi ragga'uun hojiirra osoo hin ooliin, sadarkaa wixineetti Caffeeff dhiyaachuun seera qabeessummaan isaanii akka to'atamu kan dirqisiisu ta'uu qaba.
- Qajeelfamoonni, keessattuu warreen dantaa uummataa fi mootummaan kallattiin hidhata qaban (fakkeenyaaf, qajeelfamootni bulchiinsa lafa magaalaa fi baadiyyaa, investmentii, taaksii fi gibira, faayinaansii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa) sadarkaa wixineetti Caffeeff dhiyaachuun akkaataa aangoo bakka bu'insaan ba'uun isaanii akka to'atamuuf kan dirqisiisu ta'uu qaba. Kana bu'a-qabeessa taasisuuf humna namaa Caffee baay'inaa fi qulqullina barbaadamuun guutuun barbaachisaa dha.
- Caffeen Oromiyaas dambiilee fi qajeelfamoota sadarkaa wixineetti dhiyaataniif yeroo seeraan murtaa'e keessatti sakatta'ee duubdeebii barbaachisu qaama wixinicha ergeef kennuu qaba. Yeroo jedhame keessatti erguu yoo baate, wixineen dhiyaate bahee hojiirra kan ooluu akka ta'uttis saxaxamuu qaba.
- ✓ Caffeen Oromiyaa dambiilee ykn qajeelfamoota hojiirra jiran seera ofii baasee jiruun (labsiin) wal simuu dhabuu isaanii yoo beeke (fakkeenyaaf, kanneen akka tumaalee adabbii dambii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa) qaama seericha baase dirqisiisuun sirreeffamni barbaachisaa akka ta'u gochuu qaba.
- ✓ Manneen murtiif falmiin dhiyaatu dambii ykn qajeelfama kan bu'uureffate yoo ta'e, tumaa dambichaa ykn qajeelfamichaa qofa irratti hundaa'uun dhimmicha murteessuu (akka amma bal'inaan mul'atu) osoo hin taane; dabalataan, seerota rogummaa qaban biroo (heeraa fi labsii) waliin walbira qabuun xiinxaluun gaarii ta'a. Haaluma kanan,
  - Heera waliin walitti bu'insi kan jiru yoo ta'e, karaa Gumii Calaltuu Heeraan gara Koomishinii Hiiktuu Heera Mootummaatti qajeelchuu;
  - Labsii Caffeen baase waliin walitti bu'insi kan jiru yoo ta'e, sodaa tokko malee ofumaaf hiikkoo kennuun akkuma haala isaatti dambicha ykn qajeelfamicha bu'aa yoo dhabsiise gaarii dha.
- ✓ Sekteroonni dambiilee wixineessuun Biiroo Haqaa Oromiyaaf dhiyeessan akkaataa dambii lak.131/2003, kwt.15tiin qorannoo gahaa ta'e irratti hundaa'uun dhiyeessuun daran barbaachisaa dha. Biirron Haqaa Oromiyaa fi Waajjirri Pirezidaantiis qorannoon gaggeeffame akkaataa barbaadamuun kan gaggeeffame ta'uu isaa mirkaneeffachuuf hordoffii cimaa yoo taasisan gaarii dha.
- ✓ Seekteroonni mootummaa, keessattuu warreen sadarkaa Biirootti jiran caasaa ogeessa seeraa gahumsa qabu itti qacaratan diriirsuun gaarii dha; warreen caasaa akkasii qabanis dhimma wixinee seeraa irratti leenjii kennuun gahoomsaa adeemuun murteessaa dha.

## **Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu Keessatti Rokkoowwan Seeraa fi Hojmaataa Mul'atan**

Sanada jechuun odeeffannoo barreeffamaa kan mirgi yookaan/fi dirqamni keessatti hundeeffame, ittiin galmaa'e, ittiin darbe, ittiin dhabamsiifame, hangi isaa ittiin murtaa'e, ittiin tamsa'e ykn raawwiin jedhame ittiin raawwatame kamiinuu hammachuu danda'uu dha. Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu, hojii seera-qabeessummaa, duudhaa uummataa wajjiin wal-simuu danda'uu fi dhorkii irraa bilisa ta'uu sanadaa qulqulleesseessuun ragaa amantaan guutuu irratti gatamu taasisuu dha. Kanaafuu, hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu mirga qabeenya horachuu, itti fayyadamuu fi dabarsuu hojiirra oolchuu keessatti gumaacha taasisuun akkasumas dhangala'iinsa odeeffannoo sochii daldalaa cimsuun, tattaaffii ijaarsa sirna gabaa bilisaa deeggara.

Akka Oromiyaatti, hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu bal'inaan seeraa adeemsa raawwii hojii sanadaa fi hojmaata walta'aa tokkoon kan hin gaggeeffamne ta'utti dabalee ogeessota gahumsa hojiichaa qabaniin raawwatamaa kan jiru miti. Hima biraan qorannoon kun uwwisa seeraa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu, caaseffama waajjiraa fi mijaa'ina naannoo hojii akkasumas bu'aa fi miidhaa qaamolee garagaraatiin hojjetamuu hojii sanadaa keessatti hanqinaalee jiran sakatta'a. Sakatta'iinsa hojii qorannoo kanaa keessatti tooftaan gaggeessa qorannoo ammamtaa hojiirra ooleera. Haaluma kanaan seerota, manuwaalii hojii, sanadoota, galmees mana murtii fi barruulee rogummaa qaban dubbisuun, ogeessota hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetani wajjiin af-gaaffii gaggeessuu fi raawwii hojii daawwachuun daataan walitti qabame. Qaamolee sanada mirkaneessan jechuunis Biiroo Haqaa, Mana Murtii, Biiroo Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa, Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa fi Abbaa Taayitaa Geejjibaa Oromiyaa sadarkaa biiroo, godinaalee 6 fi aanolee 12 irra jiran madda daataa ta'aniiru. Muuxannoon Mootummaa Federaalaas ilaalameera. Walumaagala, ogeessotni 146 fi tajaajilamtootni 19 af-gaaffii deebisaniiru; sanadootnii fi galmileen 92 dubbifamiiru; dawwiin hojii waajjiraalee 41 keessatti gaggeeffameera. Daataan maloota adda addaan funaanaman akka wal-unatan gochuun hojiirra oolaniiru.

Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu seera bu'uura fi seera adeemsa hojicha bitan irratti hundaa'ee gaggeeffama. Seerotni bu'uura bal'inaan hojiirra oolan seera hariiroo hawaasaa (civil

code), seera daldalaa, seera maatii, seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa, seerota qaamolee hojii kana hojjetan hundeessanii fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahan, seera hojjetaa-hojjechiisaa, seera bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa, fi kan biroo yota'an seerri adeemsa ammoo Labsii Seera Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadoota Federaalaa, labsii 922/2008, seera temberaa fi manuwaalii JBAH qaamoleen hojii kana hojjetan baafatanii dha. Uwwisa seeraa ilaalchisee dhimmi xiyyeeffannoo barbaadu waa'ee seera adeemsa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu bituuti. Labsiin Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadoota Federaalaa, Lak 922/2008, adeemsa hojii kanaa akka bituuf Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataan tumameera. Labsiin kun sababoota gurguddaa sadiif hojiirra oolaa hin jiru: ogeessotni mirkaneessaa fi galmeessa sanadoota jiraachuu labsichaa irrattillee hubannoo dhabuu, ramaddiin human namaa caaseffama labsichi gaafatu guutuu dhabuu, fi federaalli aangoo osoo hin qabaatiin labsii kana baase jechuun simannaa irratti rincica agarsiisuu dha. JBAH qaamoleen hojicha hojjetan mata-mataatti baafatanii jiran adeemsa hojii sanada mirkaneessuu gaggeessuuf gahumsa kan qaban waan hin jirreef, hojiin kun seera ykn maanuwaalii gahumsa qabuun gaggeeffamaa hin jiru jechuun ni danda'ama.

Raawwii hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu keessatti hanqinaaleen mul'atan, akaakuu sanadoota dhiyaatan irratti hundaa'ee, qabiyyee sanadaa, hiikkoo qibyyee sanadoota, eenyummaa fi aangoo mallatteessitootaa adda baasuu fi raawwachiisuun dhabuun kan ibsamani dha. Itti dabalees, waliigalteen bittaa-gurgurtaa mana magaalaa fi konkolaataa akka hojii sanadaa ofdanda'e tokkotti fudhatanii guyyaa fi lakoofsa ittii kennuun kessumeessuu caalaa akka qaama sanada maqaa abbaa qabeenyaa jijjiirutti hojjetama. Fudhatamummaa sanadoota mirkana'anii galmaa'an irrattis hubannoo fi raawwiin jiru garagarummaa bal'aa akka qabu galmeen mana murtii kan agarsiisan yota'u maddi rakkoo murtiilee kanneeniis hubannoon gama kanaan jiru laafaa ta'uu isaati.

Garaa xiinxala qorannootti yoo dabarru, sanadoota bittaa-gurgurtaa, kiraa, qabsiisani liqeeffachuu, kennaa fi dhaamoo konkolaataa ilaallatan Abbaa Taayitaa Geejjibaatti dhiyaatanii mirkana'anii galmaa'uu akka danda'an, Labsiin Lak 199/2008 kan tumu yota'ellee, Abbaan Taayitaa kun bal'inaan sanadoota bittaa-gurgurtaa ilaallatan kan hojjetu yota'u waliigalteewwan biroo garuu simatee hojjechaa jira jechuun rakkisaa dha. Biiron Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baaiyyaa waliigaltee kiraa bal'inaan mirkaneessaa kan jiru yota'u waliigaltee ooyiruu walitti siqfachuu, mana waljijjiiruu fi kennaa bakka muraasatti hojjetaa jira;

dhaamoo ammoo guutummaatti hin hojjetu. Ejensiin Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa aangoo sanada mirkaneessuu fi galmeessuu seeraan ifatti hin aangeffamne; hata'u malee bittaa-gurgurtaa mana magalaa, kiraa fi qabsiisanii liqeeffachuu hojjetaa kan jiru yota'u kenna fi dhaamoo mana magaalaa irratti taasifamu ammoo ofirraa dhiibuun Biiron Haqaa akka hojjetu ta'eera. Biiron Haqaa sanadoota qaamoleen biroo akka galmeessaniif kennamanii ala jiran hunda simatee akka mirkaneessuuf seeraan aangeffamee waan jiruuf, sanadoota akaakuu garagaraa kan akka bakka bu'ummaa, qabsiisanii liqeeffachuu, waadaa, fi bittaa-gurgurtaa akaakuu adda addaa hojjeta. Hanqina hubannoo fi diriiruu dhabuu hojmaataaf jecha Biiron kun sanadoota akka mirkaneessuuf aangoo irratti qabu baay'ee mirkaneessaa hin jiru; sanadoota aangoo irratti hin qabne ammoo bakki itti hojjetus jira.

Qaamolee garagaraatiin hojjetamuu hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu ilaalchisee daataa walitti qabame ejjennoo wal-faallaa lama kan deeggaranii dha: hojiin kun qaama tokkoon hojjetamuu qabaa fi akkuma amma jirutti qaamolee garagaraatiin hojjetamuu qaba kan jedhanii dha. Daataan gam-tokko, hojiin sanada mirkaneessuu hojii ogummaa seeraa fi hubannoo sochii hawaas-dinagdee barbaadu waan ta'eef qaama ogeessota ogummaa fi hubannoo kanaa qabaniin akka hojjetamu taasisuun hanqina humna namaa, giddu-galeessummaa qaama tajaajila kennuu, dhangala'iinsa odeeffannoo fi mijaa'ina naannoo hojii furuun barbaachisaa akka ta'etti ibsu. Daataan kan biroon ammoo deddiibii abbootii dhimmaa hir'isuuf hojiin mirkaneessa sanadaa qaama sanadni haadhoo qabeenya waliigalteen irratti taasifamuu jirutti yota'e gaarii akka ta'etti ibsu.

Hojiin sanada mirkaneessuu ogummaa fi hubannoo seeraa, barreeffamaa fi sochii hawaas-dinagdee kan barbaadu yota'ellee ogeessotni hojii kana hojjetan, ogeessota Biiron Haqaa irraan kan hafe, namoota hubannoo fi qophii hojiichi barbaadu qabaniin raawwatamaa kan jiru miti; ogeessotni waajjiraalee haqaas leenjii fi muuxannoo hojichaa bal'inaan kan hin qabne waan ta'aniif hanqinaalee eeraman irraa bilisa miti.

Qaamoleen hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetan hundi hanqina caaseffama waajjiraa fi mijaa'ina naannoo hojii kan qabu. Qaamoleen hundi adeemsa/daaroktoreetii ykn garee sanada mirkaneessuu fi galmeessuu jedhu hundeeffatanii hin jiran. Biiron Haqaa adeemsa *Galmeessa Ragaalee fi Kenna Hayyamaa* jalatti hojii kana hojjeta. Maqaan *galmeessa ragaalee* jedhu ergaa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu kan ibsu ta'uu dhabuutti dabalee maqaa



gahee hojii ogeessotaa sirriitti ibsu miti. Qaamoleen biroo ammoo caasaa hanguma kanayyuu rogummaa qabu kan hin qabne yota'an dhimmi kun xiyyeeffannoo isaan hojii kanaaf kennan laafaa ta'uu dhimmoota agarsiisan keessaa isa tokkoo dha. Mijaa'ina naannoo hojii ilaalchisee kutaaleen keessatti hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetan akkasumas meeshaaleen ittiin hojjetan saffinaa fi qulqullina barbaadamuun akka hojjetamu kan taasisan miti; itti dabalees, haala barbaadamuun ragaaleen akka hin qabamnee fi dhagala'iinsi odeeffannoo akka hin dhugoomne dhimmoota taasisaanii dha.

Haaluma kanaan, tajaajila hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu haala saffina, qulqullinaa fi itti dhiyeenya qabuun akka kennamutti, qorannoon kun yaadota furmaataa armaan gadii akeekee jira.

A. Yaadota furmaataa fulla'oo (yeroo dheeraa keessatti hojiitti hiikamuu qaban)

- ✓ Hojii sanada mirkaneessuu bifa bittinnaa'aa ta'een qaamolee garagaraa biratti gaggeeffamaa jiru hambisuuf qaama giddu-galeessummaa fi gahumsaan hojii kana hojjetu tokkoon akka gaggeeffamu gochuu
- ✓ Adeemsi hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu labsii dhimma kana bituuf bahee jiruun akka gaggeeffamu gochuutti dabalee maanuwaalii hojii gahumsa qabu akka naannootti baasanii diriirsuu

B. Yaadota furmaataa yeroo gabaabaa keessatti hojiitti hiikamuu qaban

- ✓ JBAHn Biiroo Haqaa sanadoota Biiron kun hojjechuuf aangoo irratti hin qabne qabatee kan jiruu fi aangoo irratti qabu baay'ee ammoo hammatee kan hin jirre akkasumas aangoo sanada mirkaneessuu waajjira haqaa sadarkaan jiraniif kenname dantaa tajaajilamtootaa fi kaayyoo seeraa galmaan kan gahu waan hin taaneef, haala gahumsaa fi iftoomna qabuun fooyya'ee hojiirra oolu gochuu
- ✓ Biiron Haqaa, waajjira isaa sadarkaa naannoo, godinaa fi aanolee bulchiinsa magaalaa ta'an keessatti adeemsa hojii sanada mirkaneessuu irratti abbummaa nama hojicha hoogganu muuduu, fi ogeessota ogummaa fi dandeetti hojichaa qaban irratti ramaduu
- ✓ Biiron Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyaa sababa hanqina maanuwaalii hojii, ogeessotaa hojjetanii fi mijaa'ina naannoo hojiitiin sanadoota mirkaneessuu qabu baay'ee simatee mirkaneessaa waan hin jirreef akkasumas sanadootni mirkanaa'anis hanqina

waan qabaniif, maanuwaalii hojii gahumsa qabuu qopheessuu, ogeessotaa gahoomsuu fi mijaa'ina naannoo hojii sirreessuu qaba

- ✓ Abbaan Taayitaa Geejjibaa sababa hanqina maanuwaalii hojii, dandeettii ogeessotaa hojjetanii fi mijaa'ina naannoo hojiitiin sanadoota mirkaneessuu qabu baay'ee simatee mirkaneessaa waan jirreef, maanuwaalii hojii gahumsa qabuu qopheessuu, ogeessotaa gahoomsuu fi mijaa'ina naannoo hojii sirreessuu irratti hojjechuu qaba
- ✓ Ejensiin Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa Oromiyaa aangoo sanada mirkaneessuu fi galmeessuu ifatti seeraan osoo hin aangeffamni hojjechaa kan jiru yota'u hanga dhimmichi furmaata argatutti waliigalteewwan mana magaalaa ilaallatan hunda simatee mirkaneessuu fi galmeessuun deddeebbi abbootii dhimmaa amma jiru furuu irratti hojjechuun barbaachisaa dha.
- ✓ Hanqina hubannoo mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa akkasumas fudhatamummaa fi hojiirra oolmaa sanadoota mirkana'an irratti mul'achaa jiru furuuf, qaamoleen hojiicha hojjetan, manni murtii fi ILQSOon walta'uun leenjii ogummaa cimsu walitti fufiinsaan ogeessota hojicha hojjetanii fi abbootii seeraaf akka kennamu gochuun barbaachisaa dha.

**Qorannoo Kenniinsa Korooraa fi Dhiifama Sirreefamtoota seeraa Naannoo Oromiyaa:-  
Seeraa Fi Hojmaata ( Waxabajjii,2018)**

**Qoratootni:**

**Abdusalaam Abbee**

**Geetaachoo Fayyisaa**

Sirna haqa yakkaa keessatti adabbii murteessuu fi raawwachiisuun haala qabatamaa hawwaasummaa, siyaasaa fi diinagdee irratti hundaa'a. Akka waliigalaatti adabbii murteessuu fi raawwachiisuu keessattii yaadamoota lamatu jira. Tokkoffaan yaadama *ritribuutivizimii* jedhamu yoo ta'u, nammoota yakka raawwatan adabuu fi adabbii kanas raawwachiisuu irratti kan xiyyeefatu dha. Kan lammataa immoo yaadama *Yuutiliteeriyanim* jedhamu kan yakkamtoota adabuun bu'aa inni hawaasa bal'aaf argamsiisu irratti hundaa'uu qaba jedhuu dha. Yaadamni inni lammataan kun kanneen yakka raawwatan adabuu caalaa haromsanii hawwasatti makuu irratti xiyyeefata. Haaromsa namoota yakka raawwatanii ykn sirreefamtoota keessatti tarkaanfiiwwan ykn adabbiiwwan hidhaan alaa (non-custodial measures) baay'inaan hojiirra oolu. Tarkaanfiiwwan kanneen keessaa Koroorrii (parole) fi Dhiifamni (pardon) isaan ijoo dha. Koroorrii fi dhiifamni tarkaanfiiwwan hidhaan alaa murtiin adabbii erga kennamee booda hojiirraa oolaniidha. Akka Itoophiyaattis ta'ee, Oromiyaatti Korrorrii fi Dhiifamni tarkaanfiiwwan sirna haqaa keessatti bal'inaan hojiirraa oolaniidha. Koroorri bu'ura tumaalee seera yakkaa labsii lakk.414/96 keessumattuu, kwt. 201-210tti jiraniin qajeelfama. Dhiifamni immoo akka Naannoo Oromiyaatti Labsii lakk. 114/98 fi Qajeelfamoota yeroo adda addaattii Boordii Dhiifamaan bahan bu'ureeffachuun kennama. Akka Federaalatti labiin 840/2008 raawwatiinsa qaba. Haa ta'u malee kenninsa fi bulchiinsa Korooraa fi Dhiifamaa keessatti hanqinootni akka jiran yaada ummataa fi ogeessota irraa hubachuun ni danda'ama. Keessumattuu, rakkoon qulqullina tajaajila calallii fi kenninsa Korooraa fi Dhiifamaa keessatti akka mul'atu; sirreefamtoota Korooraa qopheessuu fi erga gadhiifaman booda hordofuu irratti hanqinni akka jiru ibsama. Qorannoon kunis akka naannoo Oromiyaatti hanqinoota kanneen adda baasuuf kan gaggeefamee dha.

Qorannichi hojiin kenninsa Korooraa fi Dhiifamaa haala kamiin raawwataa akka jiruu fi hanqinoota mul'atan addaa baasuu irratti xiyyeefate. Keessumattuu, hojiin sirreeffamtoota

Korooraa fi Dhiifamaaf qopheessuu irratti hojjetamu maal fakkatu; akkataa calallii fi kenniinsa korooraa fi dhiifamaa, kenniinsa korooraa fi dhiifamaa booda hojiin sirreefamaa hawaasatti makuu fi rawwii isaa hordofuu haala kamiin gaggeefamaa akka jiruu fi hanqinoota mul'atan kan agarsiiseedha.

Qorannoo kana gaggeessuuf irra caalmaan mala akkamtaa (qualitative) tu hojiirraa oole. Akka naannoo Oromiyaatti hojimaataa fi hanqinoota bulchiinsa Korooraa fi Dhiifmaa keessatti mul'atu hubachuuf, daataa bifa afgaaffii, marii garee, sanadootaan (galmeewwan) funaanaman seerota fi hogbarruuwwan jiran faana xinxaalamaniiru. Kanumaafis, afgaaffiin baay'inaan 149 ta'u, hoggantootaa fi ogeessota mana sirreessaa, mana murtii, biiroo fi waajjiraalee haqaa, boordii fi koree calallii dhiifamaa akkasumas, sirreefamtoota waliin taasifamee jira. Manneen sirreessaa adda addaa keessatti mariin garee 10 sirreefamtoota waliin gaggeefameera. Mana murtii, mana sirreessaa fi biiroo haqaa irraa galmeen 168 ta'an ilaalamaniiru. Daataa mala akkamtaan argaman deeggaruuf mala hammamtaa (quantitative) ttis fayyadamuun bargaaffiin 143 ogeessotaa mana murtii, biiroo fi waajjiraalee haqaa, mana sirreessaa fi sirreefamtoota irraa funaaname xinxaalamee jira. Daataan qoranichaaf oolan mala eddattoo kiyyeeffataa (purposive sampling) tiin godinaalee Oromiyaa 10 fi Aanota 14 irraa sassabame. Godinaalee fi Aanoleen kunneenis: GAONF(Burrayyuu), Arsii lixaa(Aanaa Shashamannee, Dodola), Jimmaa(Jimma,Aggaaroo), Gujii(Aanaa Adoola, Nageellee Booranaa ), Shawa kibba lixaa(wolisoo), I/A/Booraa ( Aanaa Mattuu, Aallee ), Shawaa lixaa(Aanaa Ambo), Wallaggaa lixaa (Gimbii,) Baalee (Aanaa sinaanaa) fi Hararggee lixaa (Aanaa Habroo) ti.

Xinxaala qoranichaa boodas argannoowwan itti aanan irra gahamee jira. Fooyya'iinsa amala sirreeffamaa haala saayinsaawaa, walfakkataa (objective) fi iftoomina qabuun madaaluu irratti manneen sirreessaa hanqina guddaatu mul'ata. Qabxiin fooyya'iinsa amalaa agarsiisu haala ifoomina qabuun fi fooya'iinsa amala sirreeffamaa ibsuun kennamaa hin jiru. Ragaalee haaromsa sirreeffamaa waliin hidhata qaban haala sirnaawaa ta'een qabachuu irratti hanqina guddaatu jira.

Kenninsa dhiifamaa keessatti labsii fi qajeelfamni hanqina iftoominaa fi wal simannaa qabu. Yakkootaa fi sirreefamtoota dhiifamni hin ilaallannee ibsuu irratti qajeelfamni boordiin bahan hanqina iftoominaa qabu. Qorannoo irratti kan hundaa'ees miti. Qaamoleen gaaffii dhiifamaa simachuun callii gaggeessan bu'ura labsiitiin hundaa'anii tajaajila idilaa'aa ta'e kennuu irratti hanqina guddatu mul'ata. Sadarkaa naannootti Boordiin dhiifamaa waajjiraa fi hojjetoota hojii

kanaaf barbaachisan haala guuttatteen hin gurmoofne. Sadarkaa Godinaatti hojimaatni Koree dhiifamaa hundeessuu fi hojii gaaffilee dhiifamaa qorachuu amma jiru labsii waliin kan wal simuu miti. Kana irraa kan ka'e iyyannoo dhiifamaaf tajaajila si'ataa kennuu irratti hanqinni jira.

Iyyannoo koroora simatanii ajaja kennuu irratti mana murtii bira hojimaatni garaagarummaa qabu ni mul'ata. Ajaja kennu keessattis ulaagaalee seera yakkaa kwt.202 jalatti ibsaman, kanneen akka adabbii murtaa'e keessaa 2/3ffaa raawwachuu, beenyaa kanfaluu ykn araaramuu, fooyya'iinsa amalaa fi kkf hojiirra oolchuu irratti hanqina guddaatu jira. Rakkoon kun, hanqina qulqullina murtii adabbii keessatti mul'atu; sirreefamaan korooraan gadhiifamuun dura sirni miidhamtoota waliin walitti dhufuun araaraman ykn dhimma beenyaa itti xumuratan dhabamuu; fi kenninsa korooraaf xiyyeeffannaa kennuu dhabuu irraa kan madduu dha. Akkaata namoonni irra deebiin yakka raawwatanii fi yakka daddabalamaa raawwatan korooraan gadhiifaman irratti hanqinni hubannoo ogeessota biratti ni mul'ata.

Sirreeffamtootni naannoo biraa irraa jijjiirraan gara manneen sirreessaa Oromiyaa dhuafan tajaajila Koroora fi dhiifamaa argachuu irratti haala addaan rakkoon isaan qunnamaa jira. Kunis, yommuu simataman ragaa guutuu waliin simatamuu dhabuu; fi iyyannoo isaanii qaamolee dhimmi isaa ilaallatuuf dhiyeeffachuuf rakkoo dhaqabummaa irraa kan ka'e dha. tajaajilli ammaa kennamus wal fakkaataa miti.

Ogeessota calallii koroora fi dhiifamaa raawwatan bira rakkoon naamusaa kanneen akka, faayidaa fi walitti dhufeenyaan hojjechuu, hojii calallii qulqullinaan hojjachuu dhabuu fi tajaajila si'ataa ta'e sirreefamaaf kennuu dhabuuni mul'ata. Komiii kenninsa Koroora fi Dhiifamaa keessatti mul'atan hiikuuf sirni diriire mana sirreessaa keessatti hin hundoofne.

Namoota Korooraan fi Dhiifamaan gad-lakkifaman irratti hordoffiin gaggeefamaa hin jiru. Qaamoleen mootummaa fi mit-mootummaa hordoffii irratti qooda isaanii ba'aa hin jiran. Hordoffiin dhabamuu irraa kan ka'e namoonni dhiifamaa fi korooraan ba'an yommuu irra deebiin yakka raawwatan ykn yakki isaan irratti raawwatu ni mul'ata. Irra deebiin to'achuu fi adabbii akka raawwatu gochuunis hin mul'atu. Hordoffii dhiifamaa ilaalchisee tumaan qajeelfamichaa mataan isaatiin rakkoo iftoominaa qaba.

Argannoowwan qorannoo kana irratti hundaa’uun yaadonni furmaataa itti aanan akeekamaniiru.

- ✓ fooyya’iinsi amala sirreeffamaa haala wal-fakkaataa fi iftoomina qabuun madaalamuuf, sirna madaallii saayinsaawaa fi ifa ta’e diriirsuun barbaachisaa dha. Sirna qabannaa ragaa sirreeffamtootaa fooyyessuu fi ammayyeessunis Mana sirreessaa irraa ni eegama.
- ✓ Boordiin dhiifamaa yakkoota ykn sirreefamtoota dhiifamni hin taasifamneef qajeelfamaan murteessuun dura qorannoo kanaaf isa gargaaru taasisuu qaba.
- ✓ Gama biraan qajeelfama qophaa’u pirezdaantiin akka mirkaneessu gochuun barbaachisaadha. Qajeelfamni boordichaan bahu, iftoomina adeemsa kenninsa dhiifamaaf kan gargaaru malee aangoo pirezdaantii daangessuuf akka hin taanetti hubatamuus qaba.
- ✓ Sirreefamaan gaaffii dhiifamaa yeroo fi haala mijatuun akka dhiyeffatuu fi deebii argachuu danda’utti qaamolee gaaffii dhiifamaa simatanii fi calalan tajaajila idilaa’aa akka kennan gochuun hundeesuun waajjira Pirezdaantii fi Boordii dhiifamaa sadarkaa naannootti hundeeffame irraa eegama.
- ✓ Manneen murtii, murtii fi ajaja adabbii yommuu kennaan ragaawwan jiran hunda qulqulleessuun guyyaa adabbiin sirreefamaa irraa eegalu haala iftoomina qabuun ibsuutu irraa eegama. Mana murtiis ta’ee manni sirreessaa hojii kenninsa Korooraaif xiyyeeffannoon hojjachuu qabu.
- ✓ Manni sirreessaa qaamolee nageenyaa, Abbootii Gadaa fi jaarsolee naannoo waliin ta’uun akkataa sirreeffamaan korooraan osoo hin gadhiifamin dura miidhamaa waliin araaramee nageenyaan jiraatuf sirna barbaachisu diriirsuutu irraa eegama.
- ✓ Inistitiiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa kenninsa korooraa sirreeffamtoota deddebi’oo fi yakka dacha raawwatan ilaalchisee ogeessota mana sirreessaa fi A/seeraaf leenjii yoo kennee rakkoo hojimaataa fi hubannoo furuun ni danda’ama.

- ✓ Hanqina kenninsa Dhiifama Sirreeffamtoota jijjiirraan dhufanii furuuf, Mootummaan naannoo Oromiyaa aangoo sirreeffamtoota kanneeniif dhiifama gochuu gara bakka bu'iinsaatiin ykn seeraan akka qabaatuuf mootummoolee naannolee fi federaalaa waliin mari'atanii sirreessuun irraa eegama.
- ✓ Manneen sirreessaa sirreeffamaa yommuu simatan ragaa haaromsaaf oolu hunda qulqulleessani simmaachuun irraa eeggama.
- ✓ Rakkoo hanqina naamusaa furuuf, manni Sirreessaa sirna kenninsa tajaajilaa iftoominaa (qabiinsa ragaa, sirreeffamtoota hirmaachisuu) fi itti gaafatamummaa mirkaneessu danda'u hundeessuun tajaajila si'ataa fi qulqulluu ta'e kennuu qaba. Sirna naamusa ogeessota fi sirna komii sirreeffamtoota hundeessuun barbaachisaa dha.
- ✓ Akkataa hordoffiin namoota dhiifamaa fi korooraan gadhiifaman itti gaggeefamu irratti sirna cimaa aadaa fi duudhaa hawaasaa bu'ureeffatee fi hirmaachisu hundeessuun barbaachisaadha. Koroora ilaalchisee manneen murtii tumaalee seera yakkaa keessatti teechifaman hojiitti hiikuu qabu. Rakkoo hordoffii sirreeffamtoota dhiifamaan bahanii ilaalchisee caffeeen labsii dhiifamaa lakk.114/98 ykn boordii qajeelfama amma jiru haala qajeeltoo kanneen hammateen fooyeessuun furmaata ta'a.
- ✓ Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota qaamolee Haqaa fi qorannoo Seeraa Oromiyaa, akkasumas Biiron Haqa Oromiyaa fi qaamoleen leenjii kennan kanneen biroo seerota koroora fi dhiifamaa irratti ogeessotaa fi sirreeffamtootaaf leenjii hubannoo cimsu kennuun irraa eegama.

**Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Kabachiisuu Keessatti Qabu:  
Seeraa fi Raawwii**

Qorattootni: Milkii Makuriyaa

Abdii Tasfaa

Gaheen abbaan alangaa sirna haqa yakkaa keessatti qabu namootni yakka raawwatan seeraaf dhiyaatanii akka adabaman taasisuu qofa osoo hin ta'iin murtiin kennamu haqa-qabeessa akka ta'u gochuu fi mirgi shakkamaa fi himatamaallee akka hin sarbamne eegumsa taasisuu kan dabalatu dha. Sababni isaas abbaan alangaa haqni akka hin dabne mirkaneessuufis dirqama waan qabuufi dha.

Gahee abbaa alangaa keessaa tokko kan ta'e mirga shakkamaa fi himatamaa kabachiisuu ilaalchisee seerootni fi sanadootni akkasumas hogbarruuleen garagaraa bal'inaan qophaa'aniiru. Seerotaa fi sanadoota kennuun keessaa sadarkaa adunyaa fi Ardiileetti "*the Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors*" kan jedhu bara 1999 ALA'tti Waldaa Abbootii Alangaa Idal-Addunyaatiin kan qophaa'e, "*Guidelines on the Role of Prosecutors*" dhaabbata mootummoota gamtoomaniitiin bara 1990 ALA kan qophaa'e fi "*the Role of Public Prosecution in the Criminal Justice System*" kan jedhu gamtaa Awurooppaatiin bara 2000 ALI'tti kan qophaa'ee caqasuun ni danda'ama. Sadarkaa biyyaa fi naannoo keenyaattis Imaammatni Sirna Haqa Yakkaa Itiyoophiyaa, Seerri Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa, labsiilee sadarkaa Naanoo fi Federaalaatti bahaan akkasumas sanadootni garagaraa ilaalamaniiru.

Sirna haqa yakkaa sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiin wal qabatee raawwii gahee abbaa alangaa yoo ilaalamu harcaatin ykn rakkooleen ni mul'atu. Rakkooleen kunneenis : sarbamu mirga shakkamtootaa fi himatamtootaa yakkaa, kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiif xiyyeeffannaa kennuu dhabuu fi abbaan alangaa dirqama ogummaa isaa bilisummaan akka raawwatuuf sirnii fi eegumsi gahaa dhabamuu isaati. Harcaatileen kunis qorannoo gaggeeffameef ka'uunsa dha.

Qorannoo kana gaggeessuuf malli qorannoo akkamtaa fi hammamtaa waliin hojiirra oolfameera. Malli qorannoo hammamtaa kan hojiirra oole galmeewwan murtii argatan 70 Mana Murtii Aanaa hanga Mana Murtii Waliigalaatti, karoora KGT I fi KGT II fi gabaasawwan raawwii hojii



Biiroo Haqaa Oromiyaa, galmee adabbii naamusaa gumii Abbootii alangaa Naannoo Oromiyaadhaan kennaman, marii garee 7 sirreeffamtoota seeraa mana sirreessaa torbaa keessatti argamnii fi af-gaaffii 76 hoggantoota seektara haqaa sadarkaa Aanaa hanga Naannootti jiran waliin gaggeessuuni dha. Kana malees, bar-gaaffiin 187 ogeessota seektaroota haqaa sadarkaa aanaa hanga naannootti jiraniin guutame mala akkamta gargaaramuun galtee ta'uun hojiirra ooleera. Gaaffilee bargaaftii fi afgangii keessatti hammataman akkasumas safartuuleen /checklist/ galmeewwanii fi sanadoota kunneen xiinxaluuf hojiirra oolan kallattiidhaan gaaffilee qorannoo kan deebisanii dha. Hog-barruuleen, sanadootnii fi waliigalteewwan sadarkaa idil addunyaatti jirani fi seerotni roggummaa qabanis xiinxalamaniiru. Daataa kun waajjiraalee sadarkaa Naannoo irratti argaman daabalatee Seektaroota Haqaa Godinoota torbaa fi Aanaalee kudha afur Mootummaa Naanno Oromiyaa keessatti argaman irraa funaaname.

***Xiinxala daataa taassifameen argannoowwan armaan gadii adda bahaaniiru:***

- Biiroo Haqaa Oromiyaa keessatti Raawwiin kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa xiyyeffannoon kennameefii madaalama hin jiru.
- Hanqina kutannoo Abbootiin alangaa biratti mul'atuun himatamaan ragaa sobaatiin akka hin himatamne gahee isaanirraa eeggamu bahachaa hin jiran.
- Abbootiin alangaa ragaa seeraan alaa sassaabame himannaa hundeessuuf ni gargaaramu. Hooggansi jirus darbee darbee rakkoo kana hambisuu irratti hojjechuu osoo qabuu, yeroo jajjabeessutu mul'ata.
- Qabiyyeen himannaa abbaan alangaa dhiyeessu darbee darbee haala mirga ofirraa ittisuu himatamaa dhiphisuun kan qophaa'anii dha. Himannaan qophaa'ees dhadacha irratti kan kennamuu fi yeroo qophii ofirraa ittisuu himatamaa kan dhiphisuu dha.
- Abbootiin alangaa ragaa himatamaa fayyaduu fi harka isaanii jiru himatamaan akka beeku yookin argatu gochuuf fedhii hin qaban. Hanqina kanaaf ka'uumsi sodaa himannaa naamusaa fi hubannoo dogoggoraa sirna madaallii keessattuu dandeettii adabsiisuu irratti jiruu dha.
- Abbootiin alangaa mirgoota bu'uuraa shakkamtootni yakkaa dhagaha dura qaban akka hubatan taasisuu fi mirgootni kunneen akka kabajamaniif deeggaruuf kaka'umsi jiru xiqqaa dha.

- Abbootiin alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii sirrii hin taane bu'uureffachuun himannaa hundeessuu, cimsuu ykn heddummeessuun gochaa bal'inaan mul'atu dha. Kunis adda-durummaan sodaa itti-gaafatamummaa hin malle jalaa baqachuufidha. .
- Abbaan alangaa ragaa gahaa qabaachuu isaa osoo hin mirkaneeffatiin himannaa hundeessuun, keessumaa yakkoota gareen raawwataman irratti kan calaqqisu dha.
- Mirga wabii shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaatiin wal qabatee abbootiin alangaa sababoota dhama qabeessa hin taaneen momuu fi mirga wabii mulqisiisuuf qofa keewwata roogummaa hin qabnee jalatti himannaa haalli itti hundeessan ni mul'ata.
- Si'oominaan wal qabatee rakkoon hammaataan jiraachuu yoo baates, qorannaan yakkaa yeroon akka xumuramu gochuu, himannaa yeroo gabaabaa keessatti hundeessuu fi falmiin si'aayinaan akka xumuramuuf humna guutuun socho'uun hin jiru.

***Hanqinaalee akka argannootti adda bahaniif qorannoon kun yaadota furmaataa armaan gadii akeekeera.***

- Rakkoo xiyyeffannoo gahaa kennuu dhiisuu fi giddulixummaa hin malleen wal qabatee jiru furuuf Biiron Haqaa Oromiyaa:
  - Dhimma kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa mirkaneessuu akka toora xiyyeffannoo isaa tokko taasisuun raawwii isaa bifa idilaawaa ta'een madaalaa deemuu qaba..
  - Abbootiin alangaa gahee kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa ilaalchisee qaban keessatti hanqina uumaniif sirni itti gaafatamummaa isaanii mirkaneessuu dandeessisu jiraachuu qaba.
  - Odiitiin duraa fi boodaa galme irratti taasifamu kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiif sochii abbaan alangaa taassiseef xiyyeffannoo kennuu madaalamuu qaba.
  - Hooggansi jiru dhiibbaa qaamolee siyaasaa fi hawaasa bal'aa irraa dhufu dandamachuun abbootiin alangaa seera qofa giddu galeessa godhachuun mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa keessatti gahee isaanirraa eeggamu akka bahatan deeggaruu qabu.
  - Tarkaanfii naamusaaa sababa falmii laaffisuutiin fudhatamu gahee abbaan alangaa kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa keessatti qabu waliin dursee xiinxalamuu qaba. Dhimma kana galmaan ga'uuf Gumii abbootii alangaa

naannoo cimsuu fi miseensota ejjennoo cimaa (integrity), gahuumsaa fi ofitti amanamummaa qaban irraa ijaaruun barbaachisaa dha.

➤ Seerotaa fi maanuwaaliiwwan hojii jiraniin walqabatees tarkaanfiiwwan gara garaa fudhatamuu qaban ni jiru. Isaan keessaas:

- Imaammatni sirna haqa yakkaa keenya “*dirqamni abbaa alangaa haqa argamsiisuu malee murtii balleessummaa kennisiisuu akka hin taane*” ifatti teechisuu qaba.
- Labsiin Qaamolee Raawwachiistuu MNO hundeessuuf bahe Lab. Lak.199/2008 keessatti dhimmoota abbaan alangaa walabummaadhaan murtii itti kennu (prosecutorial discretion) danda’u fi itti-gaafatamummaan yakkaa namoota bilisummaa ogummaa abbaa alangaa sarbanii, kkf haammatamuu qaba.
- Maanuwaaliin Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa (2008) humna dirqisiisuu akka qabaatuu fi bu’uura maanuwaalichaatiin hojjechuu dhabuun itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta’uu ifatti tumamuu fi irratti hojjetamuu qaba.
- Bilisummaa ogummaa Abbaan alangaa caalatti cimsuuf murtii ni himachiisaa fi hin himachiisuu paanaaliidhaan murtaa’uun abbaan alangaa walii hin galle himannaa hundeessuuf akka hin dirqamne taassifamuu qaba.
- Abbaan alangaa qajeelfama hojii hoogganaa isaatiin kennamuuf seeraan kan wal hin simne yookin sammuu /conscience/ isaatiin kan wal dhahu ta’ee yoo itti mul’ate, adeemsi galmeen sun abbaa alangaa biraatiif ittin dabarfamee kennamu jiraachuu qaba.
- Abbaan alangaa tarkaanfiin naamusaa ykn bulchiinsaa irratti fudhatamu gara qaama walaba ta’eetti, FKNf mana murtiitti sirni komii isaa ittiin dhiyeeffachuu danda’u (judicial review) jiraachuu qaba. Kanaaf Danbiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa haala Kanaan fooyya’uu qaba.
- Mirga wabii waajjira poolisitti eegamuu fi gaaffii yeroo beellamaa ilaalchisee Maanuwaaliin JBAH fi Seerri Deemsa Falmii yakkaa Itiyoophiyaa aangoo abbaan alangaa qabu dhiphisuun aangoo poolisii kan bal’isu waan ta’eef gocha haqa

maleessa gama poolisiin raawwatamuu danda'u hanbisuuf seerii fi maanuwaaliin kun bifa abbaa alangaa aangeeseen fooyya'uu qabu.

- Biiron Haqaa Oromiyaa harcaatilee qulqullina qorannoo fi dhimmoota si'oominaan wal qabatani jiran furuuf humna namaa gahaa horachuu cimsee hojjachuu qaba.
- Ga'uumsaa fi naamusa abbootii alangaa sadarkaa olaanaa irraan gahuuf qaamoleen kan akka BHO fi ILOQHQSQSO leenjii hubannoo gabbisu irratti ciminaan hojjechuu qabu.
- Abbootiin alangaa adabsiisuu qofa akka kaayyeffatan hubannoo dogoggoraa dandeettiin adabsiisuu waliin wal qabatee jiru hubannoo bal'aa kennuun makfamuu qabu.

## **Bu'a-qabeessummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa**

Qorataan: Abdii Asaffaa

Mootummaan himatamtoota seera cabsan seeratti dhiyeessuuf dirqama fi aangoo ni qaba. Adeemsa kana keessatti mirga heeraa fi seeraan himatamtootaaf kenname kabajuun dirqama mootummaati. Mirgoota kana keessaa tokko mirga abukaatoo argachuuti. Mirgi kun bu'uura mirga namoomaa heeraa fi seerota idila-addunyaa keessatti fudhatama argatan keessaa isa tokko dha. Akka biyyaatti, Itiyoophiyaan mirga kanaaf heeraan beekamtii laachuun seerotaan hojiirra akka oolu taasifteetti. Bu'uurumaa kanaanis, **Heera Mootummaa RDFI** kwt. 20(5) fi Labsii Manneen Murtii Federaalaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf bahe labsii Lak. 125/88 kwt. 16 jalatti yaadni kun kaa'ameera. Tumaaleen kunniinis kan agarsiisan, haqni ni jallata tilmaamni jedhu yoo jiraate himatamaa abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyeef mootummaan abukaatoo ittisaa bilisaan dhaabuufii akka qabu dha. Sadarkaa naannoottis mirgi kun Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 20(5) fi Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf bahe labsii lak.141/2000 kwt. 17 jalatti hammatameera.

Qorannoon kun mirgi heeraa fi seeraan beekamtii argatee jiru kun qabatamaan akkamitti hojiirra oolaa akka jiruu, tajaajilli Naannoo Oromiyaa keessatti kennamea jiru bu'uura heeraa fi seera jiruun ulaagaa isaa eeggatee kennamea jiraachuu fi bu'a qabeessummaa qaama kanaa maaliin madaaluu dandeenya **kan jedhu irratti xiyyeeffata**. Akkasumas dirqamni abukaatoo ittisaa dhiheessuu kun abukaatoon himatamaaf akka dhaabatu taasisu qofa osoo hin taane tajaajilli kennamus bu'a qabeessa ta'uu isaa sirna ittiin mirkanaa'u jiraachuu ni xiinxala.

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf daataan bifa afgaaffii, bargaaaffii, xiinxala dhimmootaa fi hogbarruulee gargaaramuun walitti qabameera. Dataan kunis manneen murtii, waajiraalee haqaa fi manneen sirreessaa sadarkaa naannoo fi godinaalee 10 keessatti argamanii fi abukaattota dhuunfaa irraa funaanameera. Akka waliigalaatti af-gaaffiiwwan 112 fi bar-gaaffiin 74, mariiwwan garee 10 sirreeffamtoota seeraa waliin geggeeffameera, galmeewwan odeeffannoo dhuunfaa abukaatoo ittisaa 24 fi galmeewwan mana murtii abukaatoon ittisaa irratti falme 71 sakattaa'amaniiru, gabaasni abukaatoo ittisaa godinaalee kan wagaa 3 ilaalameera. Akkasumas, ulaagaalee bu'a-qabeessummaan tajaajila abukaattoo ittisaa ittiin safaramu adda baasuuf muuxannoon biyyoota Afiriikaa Kibbaa, Jarmanii, Faransaay, fi Ameerikaa ilaalameera.

Maloota armaan olitti ibsamaniin daataan walitti qabame erga xiinxalame booda, argannoowwan armaan gadii argamaniiru:

- ☞ Caaseffamni abukaatoo ittisaa Naannoo Oromiyaa keessatti diriiree jiru, abukaatoon ittisaa of danda'ee akka socho'u kan hin heyyamne waan ta'eef bilisummaa abukaatoo irratti dhiibbaa kan geessisu ta'uu,
- ☞ Abukaatoon ittisaa falmii geggeessuuf, ragaa dhiyeessuu fi kkf raawwachuuf baajata gahaa dhabuu,

- ☞ Caasaan abukaatoo ittisaa hanga aanaatti diriiree jiraachuu dhabuu, sadarkaa goodinaattis humna namaa guutuu qabaachuu dhabuu; sirni faayidaa jirus ogeessa dandeettii fi naamusa iddichaaf barbaachisu kan hawwatu ta'uu dhabuu,
- ☞ Abukaatoo ittisaa maloota biroon deggeruun sirnaawee kan hojjetamaa hin jirre ta'uu.
- ☞ Yeroon abukaatoon ittisaa itti beeksifamuu, ramadamuu fi himatamaa waliin walargu dhaddacha irratti ta'uu fi sirnichi jarjartiin kan raawwatamu ta'uu.
- ☞ Iddoon mijataan himatamaa fi abukaatoon ittisaa itti wal'arganii mari'atan haala barbaadamuun fi bakka hundumatti kan qophaa'ee jiru akka hin taane.
- ☞ Yeroon qophii falmiif abukaatoo ittisaaf kennamuu fi kan abukaatoo dhuunfaaf dhimmoota walfakkaataa irratti kennamu walbira qabamee yoo ilaalamu kan walhin madaalle ta'uu fi abukaatoo dhuunfaa yoo gafate malee kan hin kennamne ta'uu.
- ☞ Baay'inni hojii fi humni abukaatoo ittisaa jiru kan walhin madaalle ta'uu. Dabalees abukaatoon tokkotti hojiin baay'ateera jechuuf safartuun hin jiru waan ta'eef rakkisaa ta'uu fi sirni calallii dhimmootaa bu'uura seeraan kan hin jirre ta'uu.
- ☞ Dandeettii fi gahumsa abukaatoo ittisaa cimsuuf leenjiin abukaatoo ittisaa irratti xiyyeeffate bu'uura abbaa alangaaf qophaa'uun kan kennamaa hin jirre ta'uu. Dandeettii falmii geggeessuutiin abbaa alangaa fi abukaatoon ittisaa kan walhin madaalle ta'uu.
- ☞ Abukaatoo ittisaa bakka bu'umsaan hojjechiisuu
- ☞ Sini to'annoo fi hordoffii hojii abukaatoon ittisaa hojjetu irratti xiyyeeffate kan hin diriire ta'uu. Sirni gabaasaa, superviizhini fi duubdeebii hojii abukaatoo ittisaa ilaalchisee geggeeffamu kan hin jirre ta'uu.
- ☞ Hojii abukaatoo ittisaa ilaalchisee sirni komeen ittiin dhihaachuu danda'u diriire kan hin jirre ta'uu.
- ☞ Tajaajilli abukaatoo ittisaa yeroo ammaa kana Manneen Murtii Oromiyaan kennamaa jiru sababa labsii 141/2000 kwt. 17 yakka adabbii hidhaa cimaa wagga shanii oli adabsiisuu danda'u jechuun daangessee jiruuf qabiyyee heera Naannoo fi Federaalaan kan walfakkaatu miti ykn walitti bu'u ta'uu qorannoon kanaan xiinxala geggeeffameen bira gahamuun dandaa'ameera.

Walumaa galatti, argannoo qorannoo armaan olitti ka'aman kanaaf qorannoon kun yaadota furmaataa ta'uu kan dandaa'an akkaataa armaan gadiitti akekeera.

- ✓ Abukaatoon ittisaa bilisummaa hojii isaa hojjechuu isa dandeesisu danda’u qabaachuun murteessaa dha. Kanaaf caasaan abukaatoon ittisaa qaama of danda’e ta’ee Mana Murtii irraa adda bahee akka dhaabbatu taasisuu ykn Mana Murtii keessatti Waajjira ykn Garee of danda’e ta’ee garee KTAS jalaa bahee dhaabbachuu qaba. Caasaan kunis ogeessota iddichi barbaaduun guutamuu, hojjetaa deggersaa fi bajata barbaachisaa qabaachuun qaba.
- ✓ JBAH qaama kanaaf irra deebi’amee caasaa diriirsuun gahee hojii qaama kanaas haalan adda baaseen kaa’uu qaba.
- ✓ Qaamni kun miindaa fi faayidaatti dabalatee hoji adeemsiftuu ykn bajata of danda’e qabaachuun qaba.
- ✓ Uwwisni caasaa jiru guutuu ta’uun hanga mana murtii Aanaatti gadi bu’uu danda’uu qaba. Caasaan isaas haaluma kan A/Alangaa walgituu danda’uun hawwataa ta’uu qaba.
- ✓ Qaamolee biro akka Abukaatoo dhuunfaa, ogeessota Universitootaan dhihaatanii fi dhaabbilee miti mootummaattii gargaaramuun tajaajilli abukaatoo ittisaan kennamu akka deggeramuuf sirni diriiruu qaba.
- ✓ Oofiiseraa seeraa bakka bu’ummaan hojjetanii fi ogeessota qaamolee biroo irraa dhufanii tajaajila kennan ilaalchisee sirni gahumsa isaanii ittiin madaalamuu fi haala namoota abukaatoo ta’anii muudamaniin qixxee tajaajila kennuu isaanii ittiin mirkaneeffatan jiraachuu qaba.
- ✓ Yeroon abukaatoon ittisaa itti beeksifamu fi himatamaa waliin walargu dhagahaan dura ta’uun abukaatoon dursee himatamaa waliin walargee qophaa’ee akka dhihaatuuf hallii mijachuu qaba.
- ✓ Bakki abukaatoo fi himatamaan itti walarguun maari’atan kan icitii maree isaanii eeguu danda’u Mana Murtiitti, W/Poolisiitti fi M/Sirreessaatti mijachuu qaba.
- ✓ Abukaatoo ittisaaf yeroon gahaa ta’e qophiif kennamuu qaba. Yeroon kennamus walxaxiinsaa dhimmichaa fi dhimmoota walflakkaataa irratti abukaatoo dhuunfaaf kan kennamu waliin kan walmadaale ta’uu qaba.
- ✓ Sirni baayyina hojii abukaatoo ittisaa ittin madaalamuu danda’u diriiruu qaba. Baayyinni hojiis kan tilmaamuu qabu walxaxiinsa, gosa fi yeroo qophiif barbaachisuu danda’u tilmaama keessa haala galche ta’uu qaba.

- ✓ Dandeettii fi gahumsa abukaatoo ittisaa cimsuuf akkaatuma Abbaa Alangaa fi Abbaa Seeraa irratti hojjetamu abukaatoo ittisaafis agantaan leenjii, barnootaa fi muuxannoo waljijjiirra karaa ILQSO, M/Murtii Waliigalaa fi qaamolee ilaallatu biro kamiinu qophaa'ee kennamuu qaba.
- ✓ Abukaatoo ittisaaf dhiheessiin, bajatni, mindaa fi faayidaan, haguuggiin seeraa jiru, caaseffamni fi kkf ilaalchisee haala Abbaa Alangaa waliin walqixa yoo ta'uu baates walgituu danda'uun jiraachuufiin dirqama.
- ✓ Sirni to'annoo fi hordoffii abukaatoo ittisaaf kan hojii isaanii irratti hunda'e diriiruu qaba. Sirni madaalliis kan galmee abukaatoon ittisaa hojjetuu fi namoota adeemsa falmii kana keessatti hirmaatan hammachiise diriiruu qaba. Sirni to'annoo fi hordoffii kunis karoora, gabaasa, supervizhiniif fi dubdeebii kennuu kan haammate ta'uu qaba.
- ✓ Abukaatoo ittisaa irratti komee dhihaatu keessumeessuuf sirni diriiree fi qabxiin komeen irratti dhihaachuu danda'uu fi abukaatoon dhaddacha irraa ittiin ka'uu danda'u kan haammate diriiruu qaba.
- ✓ Tajaajilli abukaatoo yeroo ammaa kennamaa jiru bu'uura heeraan hanquu waan ta'eef haala heera mootummaa Naannoo fi Federaalaan tumamee jiruun akka walsimuuf sirrachuu qaba.

Yaadotni jedhaman furmaata ni ta'u jedhamuun qorannoo kanaan akeekamaniiru.